Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- nurratti gadi bahanii jennaan akkana jenneen: Yaa Ergamaa Rabbii, akkamitti akka nagaa sirratti buufnu barree jirra, mee akkamitti rahmata sirratti buufna?

Abdurrahmaan ilma Abbaa leylaa irraa odeeffamee akkana jedhe: Ka’ab ilmi Ujraa na qunnamee akkana jedhe: kennaa tokko siif hin kennuu? Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- nurratti gadi bahanii jennaan akkana jenneen: Yaa Ergamaa Rabbii, akkamitti akka nagaa sirratti buufnu barree jirra, mee akkamitti rahmata sirratti buufna? isaanis akkas jedhan: "Akkana jedhaa: Yaa Rabbi Muhammadii fi maatii Muhammad irratti rahmta buusi, akkuma maatii Ibraahim irratti rahmata buuftetti, dhugumatti Ati Faarfamaa, guddaadha, yaa Rabbii Muhammadii fi maatii Muhammad irratti barakaa buusi, akkuma maatii Ibraahim irratti barakaa buuftetti, dhugumatti Ati faarfamaa, guddaadha".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Sahaabonni Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkaataa rahmata isaan irratti itti buusan irraa gaafatan. sun eega Attahiyyaata keessatti akkaataa nagaa isaan irratti itti buusan baranii booda: “Assalaamu Aleyka Ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuh...”? jechuunisa: "yaa Nabiyyichaa! nageenyi sirratti haa jiraatu, akkasumas rahmanni Rabbiiti fi barakaan Isaa sirratti haa jiraatu...". Nabiyyiinis -nagaa fi rahmatni isaan irratti haa jiraatu- akkamitti rahmata akka isaan irratti buusan isaanif himani, hiikni isiis: "Allaahumma salli alaa Muhammad wa alaa ali Muhammad" Yaa Rabbi Muhammadii fi maatii Muhammad irratti rahmata buusi. Jechuunis: Ummata ol’aanaa biratti jecha bareedadhaan isaan faarsi, akkasumas amantii isaanii keessatti warra isaan hordofanii fi maatii isaanii irraa warra amananis ummata ol'aanaa biratti jecha bareedadhaan isaan faarsi. "Akkuma maatii Ibraahiim irratti rahmata buuftetti". Akkuma maatii Ibraahim -nageenyi isa irratti haa jiraatu- irratti rahmata buusuun tola ooltetti, isaanis: Ibraahiim, Ismaa'iil, Ishaaq, hortee isaanitii fi hordoftoota isaanii mu'umintoota, Muhammadittis tola kee dhaqqabsiisi nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu. "Ati Faarfamaa, guddaadha" Jechuunis: Ati zaata kee, sifaata keeti fi gochoota kee keessatti faarfamaadha, guddina kee, aangoo keeti fi kennaa kee keessatti bal’aadha jechuudha. “Yaa Rabbi akkuma maatii Ibraahiim irratti barakaa buuftetti Muhammadii fi maatii Muhammad irratti barakaa buusi" Jechuunis: kheyri fi karaamaa irraa irra guddaa isii kenniif, itti dabaliif, irrattis tursiisi jechuudha.